Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Yesuus gargaartota kudha lama fo'ate

Kan barreeffame: Edward Hughes
Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus
Kan dagaagsame: E. Frischbutter; Sarah S.
Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia
Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

BFC
PO Box 3
Winnipeg, MB R3C 2G1
Canada

©2016 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yesuus wantota ajaa'ibsiisoo raawwate. Dhukkuboota fayyise, namoota gidirfamaniif nagaa laphee fi sammuu kenne, Sagalee Waaqayyoos barsiise.



Akka isaan gargaaruu fi fayyisuuf tuuti danuun gara Yesuus dhufan. Hojii Waaqayyoo keessatti akka Isa gargaaraniif, hordoftoota isaa hedduu keessaa namoota kudha lama fo'ate.


Filannoowwan raawwattan gaggaarii yoo qabaattan, Waaqayyoon ni kadhattuu? Yesuus ni kadhate! Gaara irra iddoo callisaatti Abbaa Isaa Isa Waaqa irraa wajjin dudubbate. Yesuus hanga aduun dhiitutti kadhate.


Yesuus halkan guutuu kadhata ture.

Ganama, Yesuus duuka bu'oota Isaa waame—firoota isaa warra isaaf hojjetanii fi isaaf abboomaman hunda jechuudha.



Warri Yesuus jalqaba irratti filate lachuu obbolaadha, Simoon Pheexiroosii fi Indiriyaas. Isa duukaa akka bu'aniif yeroo Yesuus isaan waame hojii qurxummii qabuu isaanii dhiisanii Isa duukaa bu'an.



Ilmaan Zebdewoos,
Yaaqobii fi Yohaannisis
immoo kiyyoo qurxummii
isaanii gatan.

Yesuus akkasumas, Filiphoos, Bartolomewos, Maatewos, Toomaas, Simoon hinaafticha, Yaaqob ilma Alfewoos, Yihudaa obboleessa Yaaqob fi Yihudaa isa Asqortuu isa booda diina Yesuus ta'es ni fo'ate.

Yesuus waan inni dubbate hojjechuun akka mana ofii hundee jabaa irratti ijaarrachuu akka ta'e barsiise.

Bubbeen jabaan manicha balleessuu hin danda'u.



Dubbii Yesuusiif abboomamuu dhiisuun garuu akka waan mana ofii cirracha irratti ijaarrachuuti. Bubbeen yommuu dhufu, manichi ni jiga.



Abboommiiwwan Yesuus tokko tokko salphaa miti. "Namni tokko maddii kee isa mirgaa yoo si kabale, isa bitaas itti qabi" jedhee barsiise. "Diinota keessan jaalladhaa." Akka Yesuusitti jiraachuuf gargaarsa Waaqayyoo barbaadu.

Yesuus namoonni dhoksaatti akka kadhatanis isaanitti hime—akka *geggeessitoota* amantaa tokko tokko ittiin of mul'isuuf akka hin kadhanne.



Yesuus Waaqayyo namoota Isa amanatan akka sooruu fi itti uffisu dubbate. Waaqayyo simbirrootaaf nyaata abaaboowwan bakkeefis bifa miidhagaa waan kenneef, sabni isaa fedha isaanii hundumaaf Isa amanachuu danda'u.

Yesuus gargaartota Isaa warra fo'ate waan hedduu barsiise. Yeroo inni xumure, namichi lamxiin tokko dhufee akka isa fayyisuuf Isa kadhate.



Yesuus namicha lamxii sanaan, “Fedheera. Qullaa’i.” Gargaartonni isaa utuu ilaalanii, namichi lamxiin sun ni qullaa’e. Inni ni fayye! Ilma Waaqayyoo qofatu sana hojjechuu danda’a. Gargaartonni sun Gooftaa ajaa’ibsiisaa qabaachuu isaanii baran.



Yesuus gargaartota kudha lama fo'ate

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Maatewos 4-7, Maarqos 1, Luqaas 6

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16